# سُورَةُ المُطَفِّفِينَ
# Suuraa Muxaffifiinaa

قبل كل شئ هذه سورة المطففين

*Dura dursoo suuran tun {suuratul mux-affifiin} je'amti

وهي مكيــة

*Isiin suraa makkaati.

وآياتها ست وثلاثون {٣٦}

*Aayaanni isi'ii soddomii jaha{36}

وعددها ثلاث وثمانون {٨٣}

*Lakkooysi isi'ii saddeettamii sadii {83

نزلت بعد سورة العنكبوت

*Isiin eega suuraa {kgankabuutii} buute.

وهي آخر سورة نزلت بمكة

*Isiin suuraa maayyi makkatti buute.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

*Jalqabni qaraati'ii,maqaa Rabbiitii.

وَيْلٌ لِّلْمُطَفِّفِينَ ﴿١﴾

**1}***Muxaffifootaf laga ibiddaatu jira kan guyyaa boruu isa seenanii itti gubatan {mu-xaffifiina} jechuun .

الَّذِينَ إِذَا اكْتَالُوا عَلَى النَّاسِ

*Isaan jara hoggaa namarraa waa fudha-tu`uuf , waan san saffaratan , takkaa miizaa-nnatan,

يَسْتَوْفُونَ ﴿٢﴾

**2}***Ni guuttatan kan waa takka irraa hin ir`ifne.

وَإِذَا كَالُوهُمْ أَو وَّزَنُوهُمْ

*Ammoo hoggaa waa namaa saffaran , ta-kkaa miizaanan .

يُخْسِرُونَ ﴿٣﴾

**3}***Waan isaanii saffaraniifii,waan miiza-ananiif , duraa ir`isan.

أَلَا يَظُنُّ أُولَٰئِكَ

*Si jarri akkasitti nama miidhu sun hin beekhanii ? Takkaa hin yaadanii ?

أَنَّهُم مَّبْعُوثُونَ ﴿٤﴾

**4}***Akka qabri`ii kaafamanii,waan dalagan kanarraa gaafataman?.

لِيَوْمٍ عَظِيمٍ ﴿٥﴾

**5}***Guyyaa guddaa kan wanni jabduun isa keessa dhuftu guyyaan sun guyyaa qiyaa-ma`aatii.

يَوْمَ يَقُومُ النَّاسُ لِرَبِّ الْعَالَمِينَ ﴿٦﴾

**6}***guyyaa namni amrii Rabbii waa hunda uumetiin qabri`ii ka`ee ,dhaabbatu kan waan

addunya'arratti dalagan hundarraa gaafataman ,kan tole guddifamee,jannata seensifamee, kan bade yookaa dalagaan isaa addunya`arratti hammaatte xiqqeeffamee ibidda seensifamee , tanaaf jecha fuula Rabbii dura guyyaa qiyaama`aa dhaabbatan duuba jarri nama miidhu sun waan guyyaa boruu mudatu`uu taa`an , yaadanii , dalagaa hamtu`urraa hin dhaabbatanii ?.

كَلَّآ

*Dhuga`aan,

إِنَّ كِتَٰبَ ٱلۡفُجَّارِ

*Kitaabni,dalagaan kuffaaraa, hanga isaan addunya`arra jiran keessatti katabamte .

لَفِي سِجِّينٖ ٧

**7}***Sijjiin keessa jira { sijjiin } jechu un kitaaba wanni sheyxaanafii ashkarri isaa dalage keessa jirtu. takkaa {sijjiin} jechuun ; bakka rakkoo takka,tan dachii torban jala jirtu .bakkeen sun bakka sheyxaanafii ashkarri isaa galu.

وَمَآ أَدۡرَىٰكَ مَا سِجِّينٞ ٨

**8}***Maaltu waan kitaabni sijjiin taye si beysise? Waan inni taye nuutu sii himaa , inni.

كِتَٰبٞ مَّرۡقُومٞ ٩ وَيۡلٞ

**9}***Kitaaba ,katabamee dhume kan irraan ir'anne kan ittin ida'amne, kan hidhamee sajjiin keessa kaayamee , guyyaa boruu banamee kuffaarri qara`ee dalagaa isaanii argu.

يَوۡمَئِذٖ لِّلۡمُكَذِّبِينَ ١٠

**10}***Guyyaa qiyaama`aa san, laga ibiddaatu warra diinaa Rabbii kijibsiisef jira

ٱلَّذِينَ يُكَذِّبُونَ بِيَوۡمِ ٱلدِّينِ ١١

**11}***Isaan warra,guyyaan qiyaama'aa ni dhufaa hin yaanne kan waan aakhira`aa hunda khijibsiisan

وَمَا يُكَذِّبُ بِهِۦٓ إِلَّا كُلُّ مُعۡتَدٍ أَثِيمٍ ١٢ إِذَا

**12}***Guyyaa boruu san, nama dilaayee ,waa balleessuu keessa wasanaa baye malee namni biraa isa hin moromu

تُتۡلَىٰ عَلَيۡهِ ءَايَٰتُنَا

*Namichi guyyaa qiyaama`aa moromu sun ,hoggaa aayaanni qur'aanaa irratti qara`ame

قَالَ أَسَٰطِيرُ ٱلۡأَوَّلِينَ ١٣

**13}***Qur`aanni oduu kijibaa,tan warri dur katabe je`a .

كَلَّاۖ

*Dubbiin akka inni je`uu mitii ,

بَلۡۜ رَانَ عَلَىٰ قُلُوبِهِم مَّا كَانُواْ يَكۡسِبُونَ ١٤

**14}***Wanni akkas isaan jachisiise, dilii yookaa cubbuu isaan dalagan , tan qalbii isaanii xureessitee, haqa arguu dhoowwite .maalif ? qalbiin akka birille`eeti. Birilleen , yoo xurooyte, isiidhan ifin arganii , nama birallee hin argan , xuriin qalbiidhaa

diliidha, namni dilii dalagu dharaafii dhugaa addaan hin baafatu , tanaaf kuffaarri waan Rabbiin je`u dhugo`oomsuu dida .

كَلَّآ إِنَّهُمۡ عَن رَّبِّهِمۡ يَوۡمَئِذٖ لَّمَحۡجُوبُونَ ١٥

**15}***Jarri ,addunya`arratti rabbii isaanii, morome sun guyyaa boruu Rabbii isaanii arg-`urraa , dhoowwaman ammo argaan rabbii aakhira'atti jannata hundarra caaltii, kaafirri argaa Rabbirraa Hoongayu`uun qixaaxama kan mu`minni, Rabbii isaa ganamaa galgala argu`uun qanani`u.

ثُمَّ إِنَّهُمۡ لَصَالُواْ ٱلۡجَحِيمِ ١٦

**16}***Ormi kuffaaraa sun , argaa Rabbii isaanirraa hoongayu`uun wajji , isaan warra azaaba seenu .

ثُمَّ يُقَالُ هَٰذَا ٱلَّذِي كُنتُم بِهِۦ تُكَذِّبُونَ ١٧

**17}***Duuba eega ibidda azaabaa se Enanii ,wanni isaanin je'amu ibiddi amma isin dhandhamtan kun kan addunya`arratti dhugo`oomsuu diddanii, nama inni ni jira je`u kijibsiiftanii , gubadhaa isaanin je`ama .

كَلَّآ

*Dhugumaan,

إِنَّ كِتَٰبَ ٱلۡأَبۡرَارِ

*Kitaabni ,dalagaan ,mu`mintoota kan warra dhuga`aan amanee, keessatti katabamte ,

لَفِي عِلِّيِّينَ ١٨

**18}***{ kgilliyyiina}keessa jira{ illiy yiin} jechuun dalagaan gaarin ,mu'minni namaattifii ,mu`minni jinni`ii ,ammallee kitaaba malaaykan dalayde keessa jirtu , takkaa { kgilliyyiina }jechuun ;bakka samii torbeysa`aa keessa,arshii jala jirtu.

وَمَآ أَدۡرَىٰكَ مَا عِلِّيُّونَ ١٩

**19}***Waan, kitaabni {illiyyiin} taye maaltu si beysise?Waan inni taye nuutu sii himaa ?

كِتَٰبٞ مَّرۡقُومٞ ٢٠

**20}***Inni kitaaba katabamee irraa hobbayame ,kan ittin ida`amne.kan irraan ir'efamne.

يَشۡهَدُهُ ٱلۡمُقَرَّبُونَ ٢١

**21}***Kitaaba dalagaa mu`mina san malaaykaa sami`ii hundarraa nama akkaan Rabbitti ,dhiyaatutu ,arga. Namni biraa arguun dandayuu.

إِنَّ ٱلۡأَبۡرَارَ لَفِي نَعِيمٍ ٢٢

**22}***warri Rabbii isaanitiif qajeele aakhiraadhatti ni`maa , yookaa qananii jannataa keessa qubata.

عَلَى ٱلۡأَرَآئِكِ يَنظُرُونَ ٢٣

**23}***Jannata keessa , sire`erra ciciisanii , yookaa tattaa`anii,waan Rabbiin isaanii kenne, qananii bal`oo laalan , yookaa daawa`atan.

تَعۡرِفُ فِي وُجُوهِهِمۡ نَضۡرَةَ ٱلنَّعِيمِ ٢٤

**24}***Akka isaan, gammachuu qanani`ii keessa jiran fuula isaanirraa beyta.

يُسۡقَوۡنَ مِن رَّحِيقٖ مَّخۡتُومٍ ٢٥

**25}***Warri jannataa sun farshoo qul qulluu obaafaman,tan waan farshoon addunya`aa taaterraa qulqullooyte .tan , qadaadamtee, isaanii dhuftu, kan isaan malee namni biraa hin banne.

خِتَٰمُهُۥ مِسۡكٞۚ

*Urgaan farshoo sanii akka shitto`ooti , kan hoggaa dhuganii irra bayan urgaan isi`ii akkaan mul`attu,

وَفِي ذَٰلِكَ

*Haala warri jannataa itti jiru, waan .isaan Rabbirraa argatan keessatti,

فَلۡيَتَنَافَسِ ٱلۡمُتَنَٰفِسُونَ ٢٦

**26}***Warri waan san argatuu fedhu yookaa khaJeelu hundi , haa itti wal doggomuu , ibaadaa Rabbii heddommeysu`uun waan Rabbiin dalagaa je'een , dalaganii waan inni dhiisaa je'een dhiisanii..

وَمِزَاجُهُۥ مِن تَسۡنِيمٍ ٢٧

**27}***Wanni farshoo aakhira`aa tan hoggaa dhugan ,akka shitto'otti urgooytutti makamu , waan { tasniim } je`amu , inni

عَيۡنٗا يَشۡرَبُ بِهَا ٱلۡمُقَرَّبُونَ ٢٨

**28}***Waan dhugaati`ii, kan akka ija bishaanitti yaa`u mi`aayaa, wanni dhugaatti`ii, kan dhugaatti`ii ,kan isaa olii hin jirre ,kan warri Rabbiin akkaan jaalatu irraa dhugu ,sanirraa farsho`otti makhanii obaasan,farshoo aakhira`aatifii,tan addunya`aa maqa`aatu wal gaxxama malee, akka tokkoo miti maalif ? farshoon aakhira`aa,ni urgooyti,tan addunya`aa ni ajooyti,ammas tan aakhira`aa mataa naman dhooytu, naman macheysitu naman haqqisiiftu waan hamtu`utti naman kaaftu ammoo tan addunyaadhaa,mataa nama dhooyti ,nama macheysiti nama haqqisiifti ,waan hamtuu ,akka sharmuuxummaa`aa ,nama arrabsu`uu, hundatti nama kaafti,duuba namni farshoo addunya`aa tana dhuge,tan aakhira`aa hin dhugu.

إِنَّ ٱلَّذِينَ أَجۡرَمُواْ كَانُواْ مِنَ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ يَضۡحَكُونَ ٢٩

**29}***warri ,dili`ii, kuffaarri .addunya`arratti ,warra rabbitti amanetti kofluu turan xiqqeessu'uu jecha

وَإِذَا مَرُّواْ بِهِمۡ

*Hoggaa ormi mu`minaa isaan bira baye,

يَتَغَامَزُونَ ٣٠

**30}***Qeeqan wal agarsiisan takkaa nyaaran itti akeekan ,isaan tuffatu'uuf jecha ,yookaa xiqqeysu`uuf.

وَإِذَا ٱنقَلَبُوٓاْ إِلَىٰٓ أَهۡلِهِمُ

*Ormi kuffaaraa sun, hoggaa gara warra isaanii deebi`an,

ٱنقَلَبُواْ فَكِهِينَ ٣١

**31}***Isaanii miidhaa ummata , islaamaa miidhaniin gammadu kanneen ,hamtuu, hoggaa wal gayan,orma mu`minaa dubbataniin , dhaaddatuutu , mana isaanitti deebi`an.

وَإِذَا رَأَوۡهُمۡ

*Ormi kuffaaraa sun hoggaa addunya'arratti orma mu`minaa ijaan arge,

قَالُوٓاْ إِنَّ هَٰٓؤُلَآءِ لَضَآلُّونَ ٣٢

**32}***Wanni isaan je`an ; jarri kun warra karaa , Yookaa aadaa teenyarraa baye , islaamayanii ,sanama yookaa taabota nuti ibaannu ,nu wajjin guddisuu dhiisanii , duuba Rabbiin akki je`e.

وَمَآ أُرۡسِلُواْ عَلَيۡهِمۡ حَٰفِظِينَ ٣٣

**33}***Ormi kuffaaraa, kun namni warra amane san, dalagaa isaanii eegaa je`ee isaan erge , yookaa gidde hin jiruu , maalif orma islaamaa kana, ija irra kaayatanii , karaa hundaan isaan xiqqeysuu yaadan? si wanni isaan warra amanetti dalagan sun, kan irraan kafalamne, kan akkanumatti lafa baddu seyanii? akka guyyaan qiyaama`aa dhufee ,ormi mu`minaa , kuffaara isaanitti kufluu turerraa ,biiluu yookaa gadoo hin baane seyanii?.

فَٱلۡيَوۡمَ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ

*Duuba ar`a , guyyaa qiy aama`aa kana , warri addunya`arratti , Rabbitti amane , kan ormi kuffaaraa xiqqeessuu ture,

مِنَ ٱلۡكُفَّارِ يَضۡحَكُونَ ٣٤

**34}***Orma kuffaaraa sanitti koflan .xiqqeysu`uu jecha ,waan isaan addunya`arratti isaanitti koflaniif.

عَلَى ٱلۡأَرَآئِكِ

*Ormi mu`minaa sun, mana isaanii keessa siree jannatarra ciciisanii,

يَنظُرُونَ ٣٥

**35}***Kuffaara,qixaaxamu laalan yookaa dawa`atan duuba hoggaa kuffaara qixaaxamu argan kofla itti gad lakkisan akka isaan adduny`arratti , isaanitti kofluu turanitti.

هَلْ ثُوِّبَ ٱلْكُفَّارُ مَا كَانُوا۟ يَفْعَلُونَ ﴿٣٦﴾

**36}***Duuba, kuffaarri waan hamtuu dalaga-nirratti qixaaxamemoo ,hin qixaaxamne ? qixaaxame jechu'